## Hepatitis B maali?

Hepatitis B vaayirasii tiruu miidhuudha. Yoo waldhaanamuu baate, tiruun akka hojii dhaabuu godhuu fi kaansarii fiduu ni danda'a.

Namoonni tilmaaman miliyoona 296 ta'an sadarkaa idil-addunyaatti hepatitis B wajjiin jiraachaa jiru. Namoonni baay'een miirri dhukkubbii waan itti hin dhagahamneef ykn kan dhukkubsatan waan hin fakkaannef akka qabaman hin beekan.

Vaayirasin hepatitis B nama irraa gara namatti kan daddarbu dhiiga faallamee ykn dhangala'oota qaamaa muraasani.

## Hepatitis B fi ulfa

Yoo isin ulfa taatan, akka qaamaa kunuunsa da'umsa duraatti hepatitis B dhaf qorannoo dhiigaa taasisuu qabdu.

Yoo qabamtan yeroo daa'umsa hepatitis B gara daa'ima haaraa dhalatuutti dabarsuu dandeessu.

Yoo isin ulfa taatanii fi hepatitis B qabaattan, daa'imni keessan akka hin qabamne ittisuuf yeroo daa'umsaa irraa eegalee tuuta lilmoowwanii fudhachuu danda'u.



## Odeeffannoo dabalataa argachuudhaf:

**Centers for Disease Control and Prevention (CDC, Wiirtuuwwan To'annoo fi Ittisa Dhibee)**
www.cdc.gov/hepatitis/hbv/

**HepB Moms**
www.hepbmoms.org (Ingiliffaan)

Hep B Hub
doh.wa.gov/hepbhub

DOH 420-406 May 2022 Oromo

Galmee kana bifa biraan gaafachuudhaf, 1-800-525-0127 irratti bilbilaa. Maammiltootni dhaga'uu irratti rakkoo qabdan yookiin dhaga'u hin dandeenye, kana irratti bilbila 711 (Washington Relay) yookiin Imeeyilii erga civil.rights@doh.wa.gov.

Madda: CDC, Protect Your Baby for Life



# Hepatitis B:

# Ofii keessanii fi daa'ima keessan eeguf wanta beekuu qabdan

Washington State Department of Health



## Hepatitis B daa'ima kiyyaaf yaaddessaadhaa?

Yeroo daa'imman hepatitis B dhan qabaman, carraa dhibee jireenya guutuu turu, hammaataa kan ta'een qabamauu 90% qabu.

Yoo osoo hin waldhaanamin hafe, daa'imman hepatitis B hammaataa qaban 4 keessa 1 rakkoowwan tiruu hammaataa kan akka miidhaa tiruu. dhibee tiruu ykn kaansarii tiruutin qabamuu danda'u.

Akka carraa ta'ee dhibeen hepatitis B talaallii balaa hin qabnee fi sirriitti bu'a qabeessa ta'een ittisamuu danda'a.

## Daa'ima keessan eegaati hepatitis B ittisaa

Daa'imni keessan erga dhalataniin booda sa'aati 24 keessatti talaallii hepatitis B jalqabaa fudhachuu qabu.

Yoo isin hepatitis B dhan qabamtan, daa'imni keessan erga dhalataniin booda sa'aatii 12 keessatti hepatitis B immune globulin (HBIG, Gloobuliin dandeetti dhukkuba ittisuu hepatitis B) fudhachuu qabu.

Daa'imni keessan hepatitis B dhan akka hin qabamne ittisuuf talaalliiwwan hepatitis B 3 hundii fi lilmoon HBIG isaan barbaachisa. Daa'imni keessan akka hin qabamne mirkaneessuf ji'a 9–12 yeroo ta'an qorannoo taasisaafi.

| Guyyaa eegamu | Daa'imni nama ulfa taatee hepatitis B qabdu irraa dhalatan kan fudhachuu qaban |
|---|---|
| Yeroo da'umsaa | Doozii talaallii hepatitis B yeroo da'umsaa fi hepatitis B immune globulin (HBIG, Gloobulin dandeettii dhukkuba ittisuu hepatitis B) |
| ji'a 1–2 | Doozii talaallii hepatitis B 2ffaa |
| Ji'a 6 | Doozii talaallii hepatitis B 3ffaa |
| ji'a 9–12 | Daa'imni keessan eegamuu isaanii mirkaneessuuf qorannoo taasisaa |

Daa'ima keessan eeguf karaaleen biroo kanneen armaan gadiiti:

- Yoo isin hepatitis B qabaattanillee daa'ima keessa harma hoosisuu ni dandeessu. Yoo fiixeewwan harma keessanii madaa'ani fi dhiigan doktora keessan wajjiin mari'adhaa, yeroo harma hoosistan isin gargaaruf filannoowwan ni jiru.
- Galmee talaallii hepatitis olkaa'aati yeroo beellamoota waldhaansa fidaa koottaa.
- Miseensonni maatii keessan qorannoo hepatitis B akka taasisanii fi talaallii akka fudhatan taasisaa.

## Yoo isin hepatitis B kan hin qabaanne taatan

Ammas ofii keessanii fi daa'ima keessan talaallii balaa hooma hin qabnee fi bu'a qabeessa ta'een akka hin qabamne ittisuu dandeessu. Walfaannee xumuruu keessan mirkaneessaa!

| Guyyaa eegamu | Daa'imni kan fudhachuu qabu |
|---|---|
| Yeroo da'umsaa | Doozii talaallii hepatitis B yeroo da'umsaa |
| ji'a 1–2 | Doozii talaallii hepatitis B 2ffaa |
| Ji'a 6 | Doozii talaallii hepatitis B 3ffaa |

## Yoo isin hepatitis B kan qabdan taatanf of eeggannoo taasisaa

Fayyaa tiruu keessanii mirkaneessuufi waldhaansi akka isin barbaachisuu ilaaluf qorannoowwan dabalataa isin barbaachisuu malu.

Qorichoonni, kan farreen vaayirasii jedhamuun beekaman, namoota baay'ee hepatitis B qaban wal'aanuu danda'a. Haa ta'u malee, waldhaansi kan barbaachisu nama hundaafi miti.

Qoricha kamiyyuu, qorichoota ajaja malee fudhataman, nyaata dabalataa ykn vitaaminoota fudhachuu keessaniin dura doktora gaafadhaa, sababni isaas qorichoonni muraasni tiruu keessan miidhuu danda'a.

Akkasumas talaallii hepatitis A irraa fayyadamuu dandeessu. Dhibeedhan qabamuu keessan to'achuuf da'umsa booda doktora mari'achiisuu itti fufaa.